# U S
# Suuraa Naba`aa

*Dura dursoo suuran tun {suuratun-naba'} je'amti , akkuma suuraa { kgamma'aa} je'amtu .

قبل كل شئ هذه سورة النباء

*Isiin suuraa makkaati

وهي مكيـة

*Ayaanni isi’ii{40}

وآياتها أربعون

*Lakkooysi isiidhaa torbaatamii saddeeti {78}

وعددها ثمان وسبعون

*eega suuraa makgaarijii buute

نزلت بعد سورة المعارج

*Suuran tun wanni nuu himtu nikgmaa {qananii}Rabbbiin dandeytii isaatin nuu uume, tan galata isi`irratti isaa galchuu haqa godhatuufii, qixaaxa, warri isatti kafare ,mudatuufii jannata , warri isatti amane argatu ,ammallee haala guyyaa qiyaama'aati

وهـي تتحـدث عـن النعـيم والثـواب والعقـاب وأحوال يوم القيامة

*Jalqabni , dubbi`ii ,maqaa rabbii rahmata qabuutii

**1**}*Ormi kuffaaraa maal wal gaafata ?

# " !

**2**}* Oduu guddoodharraa maal wal gaafatan ? Oduun guddoon guyyaa qiyaama'aati takkaa qur'aana.kan oduun gurguddoon , akka guyyaa qiyaama'aa faan , keessa jirtu .

' & % $

**3**}*Kan isaan oduu gugurdoo qur`a anni dubbate ,tan akka eega du'anii qabri`ii kaafamanii gaafatamu'uu keessatti, namaan falman. ormi mu'minaa , waan qur'aanni je'u ni dhugo'oomsa , ammoo ormi kuffaaraa, waan inni je'u ni dida ni kijibsiisa.

, + * ) (

*Ormi kuffaaraa sun ,dubbii qur'aanni je'u diduu, haa dhiisuu ,ammoo yoo dhiisuu baatan ,

-

**4**}*Balaa isaanitti bu'uudhaa teessu, beekhu'uuf jiraatan .

/ .

10

*Ammas, ittin, sii deebiaa eega du'anii qabri'ii, kaafamanii gaafatamuu , dhugo'oomsuu diduu haa dhiisanii, ammoo yoo dhiisuu didanii, falmaa itti fufan.

3 2

**5**}*Waan nuti, isaanitti, buusu`uu te enyu argu'uuf taa'an.takkaa beekhu`uf jiraatan nu- ti qabri'ii isaan kaafnee isaan qixaaxuu dandeenyaa . mee namni waan as dee-mu kana uume , akkamitti san dadhaba ?

8 7 6 5 4

**6**}*Si,nuti ,dachii uumnee akka afa'atti hin bal'ifnee? akka isi'irra jiraatuu dandeessaniif.

; : 9

**7**}*Ammas, gaarotii ,laaltanii argitan, uumnee ,utubaa dachi'ii hin goonee? akka isiniin hin sossuune'eef {Awtaad} shakhaala yookaa shikaala.

> = <

**8**}*Ammas ,nuti dhiiraa dhalaa goonee isin hin uumnee? { Azwaajan } jechuun gosa lama dhiiraa dhalaa , jechu' .

B A @ ?

**9**}*Hiriiba keessan,hara baafannaa qaama keessanii, isiniin goonee ?.

F E D C

**10**}*Ammas ,halkan ,kafana yookaa uffata, isiniin goonee? kan dukkana isaatin akka waya'atti isin hagoogu.

J I H G

**11**}*Ammas, guyyaa waytii yookaa yaroo waan jiraattaniin,isa keessa dalagattan isiniin goonee ? Ibsinee

O N M L K

**12**}*Ammas , samii torba jajjabduu , isin Gubba'atti hin jaarree ? tan akka gombisaa manaa, tan utubaa malee dhaabbattu, tan zamanni dheeran, isi'irra dabruun, isii laaffisee, hin jiysine.

S R Q P

**13**}*Kan aduu samii keessa deemtu uumnee ,ifaa oow'aa goone.

V U T

*Ammas , nuti duumessarraa hin buufnee.

Y X W

**14**}*Bishaan sami'ii gad dhangala'u , duumessa wal micciiree bishaan gad lakkisurraa bishaan hin buufnee ? sun roobaa.

\ [ Z

*Akka rooba saniin ,waan midhaan taye , magarsinuuf jecha.

^ ]

**15**}*Ammallee rooba saniin waan muka midhaanii , taye , kan akka bunaa ,zeytuunaa faa ,baasu'uu jecha.

_

*Ammallee akka rooba saniin , masnoo baafnuf.

a `

**16**}*Tan daggala mukni isi`ii may ree wal keessa seene fakkaattu , kun hundinuu waan dandeytii teenya , isin garsiisu. duuba namni dandeytii akkanaa qabu, akkamiin qabri'ii isin kaasee, waan isin dalaydanirraa isin gaafatee , kan tole jannata geessee kan badee , galata isaa galchuu dhiise , azaaba seensisuu dadhaba? hin dadhabu jechu'u .

d c b

*Guyyaan ,hama'aafii ,tolaa adda baasu sun guyaa qiyaama'aatii.

g f e

**17**}*Waytii yookaa yaroo sawaabati`ii yaroo qixaaxati .yookaa kgiqaabati . kan addunya'arratti , amanee toltuu dalage , jannata seenee kan kafaree , waan hamtuu dalage ibida seenee , addaan fooyaman.

k j i h

*guyyaan adda fooyamaa yookaa qiyama'aa sun guyyaa garriin afuufamtu namni afuufu malaaykicha tokko kan israafiil je'amu , inni hoggaa lama garii afuufuudhaa qophaayee taa'a yoo sadiyuu hin tayin. gaafa garrii duraa, afuufu , wahayyuu dhumeeti dhabama.waan Rabbiin fedhe malee. malaaykichi garrii afuufulleen. haatayuu inni nama booda du'eeti , nama dura jiraachifama . garrii lammaysa`aa afuufu'uuf. duuba hanga bara 40 taa'eti garrii lammadaa afuufa hoggaa san warra dhume hunda jiraachifnee, hundi keessan qabri'ii baatanii.

n m l

**18**}*Tuuta tuutan ,dirree qiyaama'aa tan wanni Rabbiin uume hundi , itti wal geessu , dhuftan ..

s r q p o

**19**}*Gaafas samiin banamteeti hulaa yookaa Balbala taatee, malaaykan, sami`ii buuti

u t

*Gaafas, gaarotiin, bakka jirturraa buqqaatee .

**20**}***Hurrooytee saphlattee akka dhukkee qilleensi deemunitti deemti ,dachi`iin wal qixxaattee akka siribi`ii namatti fakkaattee eegasii dhabamti.

x w v

**21**}***Ibiddi jahannam bakka warra Rabbitti kafare eeggatu kan isa bira , hin dabarre .

} | { z y

**22**}*Ibiddi azaabaa sun, bakka,warri rabbitti kafare itti booda aanee seenu . mana isaaniti.

~ مَـَٔابًا (٢٢)

*Kan ibidda san keessa taa`an .

لَّٰبِثِينَ فِيهَآ

**23**}***Zamana dheeraa ,dhumiinsan qabne

أَحۡقَابًا (٢٣)

*Ibidda san keessatti ormi kuffaaraa sun hin dhandhamu

لَّا يَذُوقُونَ فِيهَا

*Hirriiba hogguma takkallee rafanii, qalbiin isaanii hin qabbanooytu jechu`

©

**24**}***Ammallee waan dhugaati`ii, kan isaa-nii tolu,hin dhandhaman,yookaa hin dhugan

وَلَا شَرَابًا (٢٤)

*Bishaan akkaan ow'aadhaa ,takkaa akkaan danfu , yoo taate malee.

إِلَّا حَمِيمًا

**25**}*Ammallee malaa, warra ibiddatti gub-atu keessaa yaa'u , yoo taate , malee waan biraa hin dhugan , wanni kuffaarri , mana ibidda keessatti guyyaa boruu dhugu ,bishaan danfuufii , mala'a, wanni Rabbiin akkatti qixaaxa isaanii hammeysef .

وَغَسَّاقًا (٢٥)

**26**}*Akka qixaan'i isaanii dalagaa hamtuu isaan dalagan gaxxamu'uufi, sun isaan rabb-itti kafaru'uu.

جَزَآءً وِفَاقًا ´

**27**}*Isaan Rabbitti kafarru`uu jecha gaafa addunya'arra jiran waan dalaganirraa gaaf-atamuu hin sodaatan.waan eega du'anii kaa-famuu moromaniif jecha{laa yarjuuna} je-chuun: hin sodaatan jechuu.,

µ ¶ يَرۡجُونَ حِسَابًا (٢٧)

**28**}*Ammas ormi kuffaaraa sun ,qur'aana keenya kijibsiisaniiti jiran

وَكَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَا كِذَّابًا (٢٨)

*Nuti waan dalagaa taye hunda yookaa waa hunda .

وَكُلَّ شَيۡءٍ

| | |
|---|---|
| **29**}*Katabneeti, ol keenyee jirraa guyyaa , boruu irraa isaan gaafatu'uu teenya ,waan irraa isaan gaafannurraa tokko , qur'aana kijibsiisuu isaaniti. | أَحۡصَيۡنَٰهُ كِتَٰبٗا ٢٩ |
| *Duuba guyyaa qiyaama`aa hoggaa qixaaxaf ibiddatti darbaman wanni isaanin je'amu : ibidda addunya'arratti dhugo'oomsuu diddan dhandhamaa. | فَذُوقُواْ |
| **30**}*Azaaba yookaa ibidda qixaaxaa malee waan biraa isiniin idaanuu. | فَلَن نَّزِيدَكُمۡ إِلَّا عَذَابًا ٣٠ |
| *Ammoo warra rabbitti amanee azaaba isaa sodatee,waan gaarii dalagee ,waan hamtu'urraa fagaatef. | " ! |
| **31**}*Bakka irraa milkaayanii .waan fedhan hunda, itti argatantu jannata keessa jiraaf. | $ # |
| *Sun masnoo jannataa tan layni olii gad keessa yaa'u . | % |
| **32**}*Ammallee kginabaatu isaanif jira | ' & |
| *Ammallee warri Rabbitti amane ,dubra amma guntunni isaanii dhaabbatu , jannata keessaa qaba . | ( |
| **33**}*Dubra guntunnii dhaabbatu , kan wal qixaa . | * ) |
| **34**}*****Ammallee kaasa farshoo jannataa gugguutuu lafa guutetu , jannata keessa isaanif jira ,{Dihaaqan} guutu' | - , + |
| *Hoggaa farshoo san jannata keessatti dhugan hin dhagayan . | 0 / . |
| *Tapha yookaa waan makgnaan qabne ,kijiba hin dhagayan. | 1 |
| **35**}*Wal kijibsiisullee hin dhagayan namni | 4 3 2 |

Tokko kaan kijibsiisee ,machaayanii wal loluu , warri jannataa farshoo dhugurraa hin argu ,hin dhagayu , akka warri addunya'aa ,hoggaa farshoo dhuge , machaayee ,aylii dhabee ,wal arrabsutti takkaa jecha hamaa walirraa dhagayutti. maalif farshoon aakhira'aa. tan rabbiin warra tolee qopheesse farshoo

addunya'aatin adda , maqa'aatu tokko malee , wanni isaan lamaan tayan adda. Wanni rabbiin warra isatti amane, akkasitti qananiisef .

7 6 5

*Rabbiin kee waan isaan amananiif, jecha ,galata, yookaa sawaaba isaanii kennu'uufi .

: 9 8

**36**}*Kennaa lakkooysan Qabne ,takkaa likkii hin qabne, kan isaanif gayu

= < ;

*****Rabbii kee isa sami`iifii dachii uume

? >

*****Kan waan dachi`iifii samii keessa jiru uume

@

*Kan maqaan isaa rahgmaan je`amu rahgmaan jechuun: kan qananii guddo'oon, nama qananiisu jechu'u. duuba isaatu warra isa beekhe guyyaa qiyaama'aa, takkaa boruu , jannataan , akkasitti qananiisee,warra isan beekin,ibidda itti qabsiisa .

F E D C B

**37**}*Guyyaa boruu,wanni uumame hundi , Rabbi dubbisuu hin dandeessu , sodaa isaatif jecha.

I H G

*Guyyaan nam tokkolleen, rabbi dubbisuu hin dandeenye sun,guyyaa jibriil dhaabbatu { Ruuhg }jechuun **:** jibriilii. Takkaa waan guddoo Rabbiin uume. tan ruuhg je'amtu .

J

*Ammallee ,guyyaan ,sun ,guyyaa ,malaaykan hundi dhaabbattu. dirree , qiyaama'aa keessa .

N M K

*Hundi isaanii salfii bayanii, kan nam tokko , Rabbi soda'aaf hin dubbanne.

S R Q P O

*Yoo nama, rabbiin dubbadhu je'ee iznii isaa kenne,yookaa , isa dubbise taate malee mu'minaafii malaayka'arraa .

V U T

**38}***Duuba isaan dubbiin kennamteef sun waan haqaa je'an malee, sun akka araara Rabbirra namaa barbaadu'uutii , nama Rabbiin isaan, isa shafa'uu eehame , shafa'uudhaa jecha.

Y X W

*guyyaan ,wanni ,dubbanne ,keessatti argamtu sun,haqa ,waan dhufuun oolle sun guyyaa qiyaama'aatii .Duuba waan guyyaa san keessatti argamu'uu taa'u , sawaaba tayuu , iqaaba tayuu , galata tayuu yakka tayuu hunoo isinii himee.

\ [

*Namni fedhe isinirraa .

a ` _ ^ ]

**39}***Karaa sawaaba Rabbitti isa geessu , takkaa deebisu ,qabatee deema azaaba Rabbii jalaa bayu'uu jecha. sun Rabbitti amanee waan gaarii dalaguudhaa.

e d c b

*Yaa,warra ,Rabbittin,aman in,nuti , azaaba dhiyo'otti isinitti dhufu'uu taa'u, isin sodaachifne. sun azaaba guyyaa qiyaama'aatii. wanni dhufaa taa'u hundi dhiyo'oo .

k j i h g f

*guyyaa namni hundi ,waan addunya`arratti harka isaatin dalage hunda if duratti laalee argu kan yoo wanni inni dalage , kheyrii taate , gammadee , yoo sharrii taate rifatu , takkaa rakkatu.

m l

*Kan namni Rabbitti kafare gaafas je'u

q p o n

**40}***Way, way, oduman biyyee tayee qixaaxa rabbii jalaa bayee je'ee biyyee tayu`uuf hawwu wanni inni arge ,kan akkas isa jechisiise, Rabbiitu,guyyaa qiyaama'aa san, waan horii taye hunda,walitti qabee kan miidhame,kan isa miidherraa akka gadoo ,yookaa biiluu bayu godhee,yoo kan,gaafa qabu ,addunya'arratti, qululluu gaafan qabne, waraane, aakhira'atti, qulullu'uuf , gaafa, magarseeti, akka , inni , waraanetti, waraannatee eegasii rabbiin ,waan horii, yookaa bineensa taye hundaan biyyee tayaa, je'ee ,akkasitti biyyee taati.duuba kaafirri takkaa namni rabbi hin beyne ,hoggaa horii biyyee taye argu ,odoodhan anis akka hori'itti biyyee tayee ,je'ee ,hawwaaf.haa tayuu,wanni inni hawweef ,isaan taatu maalif ? horiin aylii karaa jannataatifii , karaa azaaba adda baafatuun, hin qabu. ammoo namni Rabbitti kafare,odoo aylii rabbiin isaa kenne qabuu , Rabbiin anbiyaa itti ergee,karaa jannataatifii ,karaa azaabaa adda isaa baasee , jiruu , didee karaa azaabaa maraxatee, guyyaa boruu inni , dhiyana azaabati bakka takka tan itti jalaa bayu hin qabuu ammarraa haa beekkatuu.